Gaaffilee Gabaasa Dhumaa Irratti Irra Deddeebiin Gaafataman

Gabaasa dhumaa keessa maaltu jiraa?

Koomishinichi sirna fayyaa fi nageenya sammuu Viiktooriyaa akka haaraatti saxaxuuf karoora baasee jira. Haaromsawwan kunniin hawaasa Viiktooriyaa hundumaa ni fayyadu.

Gabaasni dhumaa kun jijjiiramaaf yaadota gorsaa 65 of keessaa qaba. Kunniin, Yaadota gorsaa saglan gabaasa yeroodhaafii Komishinichaa keessa jiran irratti kan ijaaramanidha.

Haaromsawwan ijoo keessaa tokko, namootni hundi sirna fayyaa fi nageenya sammuu akka itti fayyadamaniif salphisuudhaafi dha. Kana gochuudhaaf, sirni inni gara fuulduraa tajaajiloota fayyaa fi nageenya sammuu haaraa 50-60 ta'an of keessatti hammata. Tajaajilootni kunniin wal'aansa, kunuunsaa fi deeggarsa ga'eessotaaf kan dhiyeessani dha.

Yaadota gorsaa kanneen eenyutu hojii irra oolchaa?

Mootummaan Viiktooriyaa yaadota gorsaa kanneen Koomishinichaan dhiyaatan hunda hojii irra ni oolcha. Ramaddiin Fayyaa fi Nageenya Sammuu inni haaraa Damee Fayyaa keessaa, sirna fayyaa fi nageenya sammuu ni to'ata. Isaanis yaadota gorsaa Komishinichaa hojii irra oolchuuf itti gaafatamummaa qabu.

Yaadotni gorsaa kunniin yoom hojii irra ooluu?

Yaadotni gorsaa Komishinichaa sirna fayyaa fi nageenyasammuu keenya irratti jijjiirama guddaa ta'e agarsiisu. Jijjiiramoota kanneen taasisuuf yeroo fudhata.

Yaadota gorsaa gabaasa yeroodhaafii keessaa gartokkeen isaanii dursaniiyyuu gaggeeffamaa jiru. Kunis Sagantaa Tajaajila Yaalii Of-ajjeesuun Boodaa Hospitaalli Ba’ee Kennu (HOPE) babal'isuu of keessatti hammata. Yaadotni gorsaa biroo yeroo dabalataa fudhatu.

Koomishiniin kun ajandaa haaromsaa waggaa 10 kan dambaliiwwan sadii of keessaa qabu baasee jira:

- kan yeroo gabaabaa—dhuma 2022 itti
- kan yeroo giddu-galeessaa—dhuma 2026 itti
- kan yeroo dheeraa—dhuma 2031 itti

Garagalcha gabaasa dhumaa kanaa argachuu nan danda'aa?

Koomishiniin Rooyaalii hafteewwan isaa naannoo irraa hir'isuudhaaf kutatee jira. Nuti gabaasa dhumaa fi yaada cuunfaa akkasumas yaadota gorsaa karaa toora interneetaa irraa akka dubbistaniif isin jajjabeessina.

Mana keessan keessatti tajaajila Interneetii hin qabdani yoo ta'ee, gabaasicha toora interneetaa irraa dubbisuuf, manneen kitaabaa naannoo keessaniitti yaaluu dandeessu. Manneen kitaabaa

naannoo keessanii Marsariitii Manneen Kitaabaa Hawaasaa Viiktooriyaa asiitii argachuu nii dandeessu.

Waayee gabaasa dhumaa irratti gaaffii yoon qabaadhe hoo?

Waayee gabaasa dhumaa irratti gaaffii gaafachuuf, maaloo gara mentalhealth@dhhs.vic.gov.au itti imeelii barreessaa.

Tarii waayee gabaasa dhumaa irratti waraqaalee haqaa fi fakkii-sochootuu suur-sagalee kanneen keessatti odeeffannoo barbaadaa jirtan argachuu ni dandeessu.

Hojii Koomishinichaa irratti ammallee waa jechuu nan danda'aa?

Koomishiniin Rooyaalii xumuramee jira, Kanaafuu gumaachawwan dabalataa fudhachuu hin danda'u.

Koomishinichi namoota dhuunfaa fi dhaabbilee irraa gumaachawwan 12,500 ol ta'an argatee jira. Kun sassaabbii odeeffannoo humna hojiitiif deebiiwwan gara 3,000 ta'an of keessatti hammatee jira:

- Deebiwwan 3,200
- Sagantaalee gorsa hawaasaa irratti kan hirmaatan namoota 1,650,
- Ragaa baatota 250
- Sassaabbii odeeffannoo miira hawaasaatiif deebiiwwan 3,000.